حديث القدسي يا عبادي انـي حرمت الظلم

Hadiisa qudsiyyii kan "yaagabroottan kiyya ani miidhaa haraam godhe" jedhu.

***Hadiisni kun abbaa zarrirraa odeeffame , Rabbi isarraa haa jaalatuu**	**عن أبى ذر الغفارى ﵁ ،**
***Ammoo abaa zarri nabi Muhammadirraa nuu odeesse nageenyi isarratti haa jiraatuu .**	**عَنِ النبي ﷺ**
***Nabi Muhammad S.A.W. hadiisa kana Rabbii gudda`arraa nuu odeesse .**	**فِيما يرْوِيهِ عَنْ رَبّه عَزَّ وَجَلَّ**
***Rabbiin guddaan S.W. akki je`e :**	**أَنَّهُ قالَ**
***Yaa gabroottan kiyya**	**يا عبادي**
***An gabroottan kiyyatti roorrisuu , haraam ifirratti godhee**	**إِنِّي حَرَّمْتُ الظُّلْمَ على نَفْسِي**
***Ammallee isin wal miidhuu haraam isinirratti godhee dhoowwama isinirratti ,godhee**	**وَجَعَلْتُهُ بَينَكُمْ مُحَرَّماً**
***Wal hin miidhinaa , horii walii haqa malee hin nyaatinaa, waan namni isinitti dalaguu hin feene namatti hi dalaginaa**	**فَلا تظَّالَمُوا**
***Yaa gabroottan kiyya , hundi keessan naman an qajeelche malee ja llinarra jiraa , waan addunya`aafii aakhira`atti isaaf tolutti qajeeluu hin dandayuu**	**يا عبادي كلكمْ ضَالٌ إلاَّ مَنْ هدَيتُهُ**
***Qajeelloonarra barbaadaa**	**فاسْتهْدُوني**

*Isinan qajeelchaa waan addunya`aa , aakhira`atti isi nii tolluttan isin qaj-eelchaa	أهْدِكُم
*Yaa gabroottan kiyya hundi keessan naman an nyaachise malee ,be elaya`aa odoo dhan rizqii isaa fidee nyaatuu baatee, silaa nyaata hin argatuu	يا عِبادي كُلُّكُمْ جائِع إلاَ مَنْ أطْعَمْتُهُ
*Nyaata narra barbaada isinan nyaachisaa akkana jechuun nyaata na malee, nama birarraa hin barbaadinaa nama isin irra barbaadan sanuu naatu nyaachisaa yaadaa , inni sababaa isinii tayee beekaa jechu`	فاسْتَطْعِموني أُطْعِمكُمْ
*Yaa gabroottan kiyya hundi keessan, naman an uwwise malee, daar a`aa odo`on an huccuu uumefii, uffatuu baatee, silaa qullaa deemaa	يا عِبادي كلّكُمْ عار إلاَ مَنْ كَسَوْتُهُ
*Daara bayuu narra ba rbaadaa isinan uwwisaa , karaa waan uffattan itti argattanan isinii laaffisaa , na khadhadhaa	فاسْتكْسوٌنِي أكْسكُمْ
*Yaa gabroottan kiyya hundi keessan, halkaniifii guyyaa natti balleessitan dubbii tiyya hin dhageessan	يا عِبادي إِنَّكُمْ تُخْطِئُونَ باللَّيلِ والنَّهار
*Sanumaan wajji,an dilii , takkaa balleessaa teessan hunda isiniifan araarama	وَأنا أغْفِرُ الذُّنوبَ جَمِيعاً
*Dhiifama narra barbaadaa, isiniifan araarama	فاسْتَغْفِروٌني أغْفِرْ لَكُمْ

*Yaa ,gabroottan kiyya ana midhuu dandeessanii nan miitan	يا عبادي إنَّكُمْ لَنْ تَبْلُغُوا ضُرّي فَتَضُرُّونِي
*Na fayyaduu dande ssanii nan fayyaddan ,cubbuun teesssan nan dhibdu ammallee ibaadan teessan nan fayyaduu.	وَلَنْ تَبْلُغُوا نَفْعِي فَتَنْفَعُونِي
*Yaa gabroottan kiyya odoo hundi keessan kan duraatifii kan boodaatilleen	يا عبادي لوْ أنَّ أوَّلَكُم وآخِرَكُمْ
*Namaafii jinniin teessanilleen	وَإِنْسَكُمْ وَجِنَّكُمْ
*Qalbii nama tokkicha , kan isirraa taye,kan Rabbi sodaatu taatanii,Rabbi ibaaddanii, namni ni gabroottan Rabbirraa akkaan Rabbi sodaatu nabi Muhammadi nageenyi isarratti haa jiraatuu . Duuba odoo hundi keessan akka nabi Muhammaditti S.A.W. na ibaaddanii, qabeenya, takkaa mulkii tiyyarratti , waa takka waan naa ida`u hin qabu .	كانُوا على أتْقَى قَلْبِ رَجُلٍ واحِدٍ مِنْكُمْ ما زادَ ذَلِكَ في مُلْكِي شَيَئاً
*Yaa gabroottan kiyya , odoo hundi keessan kan duraatifii kan boodalleen	يا عبادي لَوْ أنَّ أوَّلَكُمْ وآخِرِكُمْ
*Namaafii jinniin teessanilleen	وإنْسَكُمْ وَجِنَّكُمْ
*Qalbii nama tokkicha isinirraa tayee, kan akkaan Rabbitti balleesse , taatanii walii galtanii natti balleessitanii	كانُوا على أفْجَر قَلْبِ رَجُلٍ واحِدٍ مِنْكُمْ
*Sun waa takka qabeenya kiyyarraa waan ir`isu hin qabu,{ irra badaan gabroota Rabbii ibliisi	ما نَقَصَ ذلكَ مِنْ مُلْكِي شَيَئاً

*Yaa gabroottan kiyya odoo,hundi keessan,duraa boodan namaafii jinni`iin	يا عبادي لَوْ أنَّ أوَّلَكُمْ وآخِرَكُمْ،وَإنْسَكُمْ وجِنَّكُمْ
*Dirree ,yookaa bakka takka keessa dhaabbattanii	قامُوا في صَعيدٍ واحِدٍ
*Hundi keessan waan fedhu na khadhatee	فَسألُونِي
*Duuba namuufuu waan inni fedhu kennee	فأعْطَيتُ كُلَّ واحِدٍ مَسْألَتَهُ
*Khennaan sun waanan an qaburraa waa takka hin ir`iftu	ما نَقَصَ ذَلكَ مِمَّا عِنْدِي
*Hanga lilmeen hoggaa bahara liccisiisanii baasan baharirraa ir`iftu yoo taate malee wanni beekkamee jiru, lilmeen waa takka baharirraa hin ir`iftu , inumaa faanti bishaanii ijaafii miizaanalle`een hin mul`attu	إلاَّ كما ينْقُصُ المِخْيَطُ إذا أُدْخِلَ البَحْرَ
*Yaagabroottan kiyya wanni isin guyyaa qiyaama`aa argu`uu tee ssa , dalaguma teesan tan isin addunya`arratti dalaydan kheyrii tayuu , sharrii tayuu	ياعبادِي إنَّما هي أعْمَالُكُمْ
*Dalagaa teessan hunda lakkaayetan , isinii katabee, ol kaayee teessii	أُحْصِيها لَكُمْ
*Eega duutanii isin dura kaayetan isin garsiisee, irraa isin gaafadha	ثمَّ أُوَفَيكُمْ إياها
*Duuba namni isinirraa kitaaba dalagaa isaa keessatti,guyyaa qiyaama`aa waan gaarii arge	فَمَنْ، وَجَدَ خَيرًا

*Haa Rabbii isaatii galata galchuu , Rabbii isa uumee, waa hundaan isa qananiisee , waan gaarii dalagu addu-nya`arratti isa qunnamsiisee , aakhira`atti dalagaa isaa sanirratti , waan gaarii isa argachiisef , rabbiif galata haa galchuu	فلْيحْمَدِ اللّه
*Ammoo namni kitaaba dalagaa isaa keessatti, waan hamtuu azaaba isa seensiftu arge	ومَنْ وَجَدَ غَيرَ ذَلكَ
*Lubbuu isaa malee nama biraa hin zigaalin , Rabbiin aylii isaa kenneeti ,anbiyaa ergee karaa hama`aafii gaarii adda baasefii , karaa gaarii deemi, jannatan si geessaa , ammoo yoo karaa hamaa deemte azaaban si geessa je`ee beysisee jiraa , duuba yoo adduny-a`arratti badii dalagee aakhira`atti waan hamtuu qunname, ifumaaf if miidhee , if malee nama biraa hin zigaalin , takkaa hin komatin , dalagaa isaatitu achiin isa gayee	فَلا يلٌومَنَّ إلاَّ نَفْسَـهٌ
*Hadiisa kana Muslimtu odeesse	رَوَاهٌ مٌسْلِمٌ